# Sarara F MEETROO isa haaraw


## *Geejjibi daran saffisaan gara qaawwaa (kooriidarii) Daandii 10ffaa dhufaa jira*

Sararri F MEETROO sarara geejjiba atoobisii saffisaa (BRT) isa kooriidarii Daandii 10ffaa irratti tajaajila geejjibaa daran saffisaaa fi amansiisaa ta'e kennudha. BRT'n kuufama fooyyeffamoota geejjibaa kan imala saffisaa fi mooxannoo fooyya'aa daandiiwwan atoobisii konkolaataan baay'ee itti heddummaatuu Geejjiba Meetirootiif gumaachudha.

Sararri F MEETROO walakkeessa Minneapolis karaa Nicollet Mall irra; kaaba baha Minneapolis, Columbia Heights fi Hilltop keessaan Central Avenue irra; akkasumas Fridley fi Spring Lake Park hanga Northtown Mall Blaine keessaatti University Avenue irra deema.

Sararri F MEETROO daandii geejjibaa konkolaataan itti heddummaatu ni fooyyessa:

- Weerara koroonaa dura, maamiltoonni torbanitti Daandii 10ffaa irra gara deemsa 6,500 kan deeman yoo ta'u, kunis daandicha daandii atoobisii Metro Transit keessaa isa hunda caalaa imalli itti baay'atu taasisee jira.
- Yeroo weeraraa keessatti Daandii 10ffaan daandii imaltootaa isa cimaa ta'ee itti fufee jira.




***Kaartaa odeeffannoo gadi-fagoo qabu asirraa ilaalaa metrotransit.org/f-line-project***

***Sagantaa Jalqabaa Pirojektii***
*(jijjiiramuu mala)*

- 2022-2023 KAROORSUU
- 2023-2024 INJINARUMMAA


**PIROJEKTICHAAF NAMA QUUNNAMAMU:**
Nasser Mussa
FLine@metrotransit.org
651-829-5305


Metro Transit

metrotransit.org/brt

11-11-1292700-26

# Geejjiba Atoobisii Saffisaa: Geejjiba saffisaa, daran amansiisaa fi caalaatti mijataa

Geejjibi Meetroo guutummaa Magaalota Lakkuu keessatti neetoorkii sararawwan atoobisii saffisaa uumaa jira. Malli baasii qusataan tajaajila ariifachiisu kun muuxannoo maamilootaa haalaan fooyyessa, akkasumas namoota dabalataa gara geejjiba kana dhaabbataadhaan fayyadamuutti harkisuu danda'uu isaa mirkaneessee jira.







## Buufataalee haala naannoo kanneen amaloota mijatoo namatti tolan qaban

Buufataaleen akkuma baabura salphaa amaloota muuxannoo nageenya qabuu fi mijataa ta'e kan qabanidha.

- NexTrip, odeeffannoo ka'umsaa fi galumsaa kan yeroo isa sirrii
- Ho'a, ibsaa nageenyaa fi quunnamtiiwwan yeroo atattamaa yeroo barbaadamanitti dhiyaatan
- Ejjennoo lafatti dhiyaatu—gulantaa osoo hin yaabbatin atoobisii koruu
- Bakka biskileettii dhaabbatanii fi qodaawwan kosii

## Bakkeewwan itti dhaabbatan muraasa, tajaajilli irradeddeebiin kennama

BRT'n guyyaa keessatti harka caalaa isaa daqiiqaa 10 kudhaniin buufataaleetti maayilii 1/3 hanga 1/2 tti hojjeta

Tokkoon tokkoon sararaa irratti akka karoorsuun itti fufeen, Geejjibi Meetroo gabaa ni gamaaggama, akkasumas bakkeewwan kooriidaricharraa irratti tajaajila atoobisii naannoo kan dabalataa ni gaafata.

## Dhaabbachuuwwan saffisoodhaaf kaffaltii hir'isaa koruun duraa

Koruu saffisaa balbaloota hunda keessaaniitiif, atoobisiiwwan BRT sanduuqawwan gatiin hir'isu hin qaban. Maamiloonni akkuma baabura salphaa ykn tikeetii bitatu ykn ammoo buufatichatti Kaardii Goo-Tuu tuqu. To'annoowwan gatii gadi bu'aa poolisii Geejjiba Meetrootiin raawwatamu.

## Bu'uraalee misoomaa haarawa saffisa dabaluuf oolan

Buufataalee fooyya'oo fi bakkeewwan dhaabbii bal'aatti dabaluudhaan, Geejjibi Meetroo fi miiltoowwan isaa filannoowwan sarara BRT kana daran saffisaa ittiin taasisan barbaadaa jiru. Filannoowwan kunneen isaan kana hammatu:

- Itti-fufanii deemuuf dursa mallattoowwanii argachuu; bakkeewwan qaxxaamuraa tokko tokkotti atoobisiiwwan ifaa magariisaa dursee boba'u ykn boba'ee turu "gaafachuu" ni danda'u.
- Atoobisiiwwan baay'ina konkolaataatiin akka hin danqamnetti bakkeewwan sarara sanaa irratti karaan atoobisii qofaa jiraachuu

metrotransit.org/brt

METRO